# Fakkeenyi nama daangaa Rabbii irra dhaabbatuu fi nama daangaa sana keessatti argamuu, akka fakkeenya ummata doonii irratti hixaa buufatanii, gariin isaanii gubbaa doonii argatanii, gariin immoo jala ishee argataniiti

Nu'umaan bin Bashiir irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhan: "Fakkeenyi nama daangaa Rabbii irra dhaabbatuu fi nama daangaa sana keessatti argamuu, akka fakkeenya ummata doonii irratti hixaa buufatanii, gariin isaanii gubbaa doonii argatanii, gariin immoo jala ishee argataniiti. Eegasii warri jalaa bishaan yeroo barbaadan warra isaan gubbaa jiran irra darbanii waan waraabbataniif jecha ni jedhan: warra nu gubbaa osoo miidhuu baannee, qooduma keenya kana keessan qaawa baafannee, yoo jarri kuun jara kanaa fi waan isaan barbaadan itti dhiisan hundi isaanituu ni halaakaman, yoo harka isaanii qaban immoo isaan kun nagaa bahanii, isaan hundinuu nagaa bahu".
[sirrii] [Bukhaariitu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- warra daangaa Rabbii kabachiisan, ajaja Isaa irratti gadi dhaabbatanii fi waan gaaritti ajajanii waan hin taane irraa dhoowwaniif fakkeenya kaa'aniiru, Akkasumas warra daangaa Rabbii cabsan, kan waan gaarii hojachuu dhiisanii, waan hamaa hojjatanii fi hawaasni nagaa ta'uu keessatti dhiibbaa inni qabuuf fakkeenya kaa'an, sun akka fakkeenya ummata doonii yaabbatanii, isaan keessaa gubbaa doonii eenyuutu taa'aa fi jala ishee eenyuutu taa'aa irratti hixaa buufatanii, gariin isaanii gubbaa argatee gariin immoo jala argateeti, isaan jalaa bishaan waraabbachuu yeroo barbaadan isaan isaanin gubbaa jiran bira darbu, Warri jalaa ni jedhan:- warra nu gubbaa akka hin rakkifneef osoo Bakkuma keenya kanatti qaawa bishaan irraa waraabbannu baafannee, osoo warri gubbaa sana akka hojjatan isaan dhiisanii silaa doonin isaanuma hundaan bishaan keessa lixxe, yoo sana hojjachuu irraa isaan dhoorgan immoo isaan hundinuu nagaa bahan.